Washington State Health Care Authority

# Duraa-duba Adeemsa Komii Loogii

Abbaan Tayitaa Kunuunsa Fayyaa Naannoo Washington (HCA) gaaffiilee Americaanotaa Danbii Qaama Miidhamtoota 1990 (ADA) fi Dandii Kunuunsa Dhiyeessu Danda'u Kutaa 1557 dabalatee, seerawwan mirgoota sivilii kan birootiin walitti dhufaniif duraa duuba adeemsa komii itti aanu kana hundeesse. HCAn eeraman kan akka sanyii, bifa, madda lamummaa, saala, ilaalcha saalaa, ibsa ykn adda-bahumsa saalaa, amantaa, sadarkaa fudhaafi heerumaa, amantii, sadarkaa loltummaa ykn gaheessa kabajaa gaggeefamee, umurii, qaama miidhamuu ykn oggansa saree leenji'eetiin fayyadamu ykn nama qaama miidhame beeladaan tajaajilamu bu'uura taasisuun loogii umamu irratti komii dhiyeefachuu yoo barbamee, maaloo adeemsa asiin gaditti tarreefamee hordofaa.

1. Odeefannoo waa'ee dhimmi loogii jedhamee dabalatee, maqaa, tessoo, fi lakkoofsa bilbilaa nama komii dhiyeefatuufi eddoo, guyyaafi ibsa rakkinichaa dabalachuun, komii kee barreefamaan taasifadhu. Namoota qaama miidhamtoota ta'aniif yoo gaafatame ammoo, malawwan ittiin komii dhiyaatu kan biraa, kan akka qaamaan gaaffiifi deebii taasisuu ykn warraabbii odiyootiin, dhiyaachu ni danda'a. Malawwan biraa komiin ittiin dhiyaatu kan biraa mijeessuuf ammo, karaa 1-855-682-0787 tiin HCA dhaaf bilbilaa. Namoonni rakkina dubbii ykn dhaggeetti qabdanis maaloo tajaajilawwan atattamaatiif 711 irratti bilbilaa.

2. Sarbamni jedhame erga umamee guyyoota 90 osoo hindarbiin dura ikomii keessan HCAtti Ofisara Komii ADA tti galfadhaa.

   ADA Compliance Officer<br>Washington State Health Care Authority<br>P.O. Box 42704<br>Olympia, WA 98504-2704

3. HCAtti Ofisara Komii ADA erga komicha fudhee guyyoota 15 jidduutti, komiichaafi furmaatawwan ta'u danda'an irratti marii'achuuf qaamaan, ykn karaa bilbilaa, ykn karaa malawwan biraatiin siin qunnamu danda'a. HCAtti Ofisara Komii ADAtiin erga wal agrtanii guyyoota 15 jidduutti barreefamaan, bakka hojetutti ammoo, haala filmaataa kan biraa siif mijachu danda'u, kan akka barreefama gurguddaa, braille, ykn warraabbii odiyootiin deebii kennu danda'a. Deebichis ejjannoo HCA fi komiicha furuuf filmaatawwan jiran kan ibsu ta'a.

4. Yoo deebiin HCAtti Ofisara Komii ADA tiin kennamus kan dhimmicha hin furre ta'e, erga deebiicha fudhataniin booda guyyoota 15 jidduutti Ogganaa Balaa Intaripraayizii HCAtti iyyachu dandeessu. Deebii HCAtti Ofisara Komii ADA irraa fudhatan irrattis attamiin akka iyyattanis ni ibsama.

Ogganaan Balaa Intaripraayizii HCAs erga iyyaticha fudhateen guyyoota 15 keessatti, iyyatichaafi furmaatawwan ta'u danda'an irratti marii'achuuf qaamaan, ykn karaa bilbilaa, ykn karaa malawwan biraatiin siin qunnamu danda'a. Ogganaan Balaa Intaripraayizii HCAs, erga wal agrtanii guyyoota 15 jidduutti iyyata dhiyaateef furmaata xumuraa kenna. Deebiichis haala barreefamaa, bakka hojetutti ammoo, haala filmaataa kan biraa siif mijachu danda'u, kan akka barreefama gurguddaa, braille, ykn warraabbii odiyootiin ta'u danda'a.

Odeeffannoon kunis marsariitii HCA irratti linkii ''Nondiscrimination'' jalatti mana keenya: www.hca.wa.gov irratti ni argama.